NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI EEGUMSA ISAA
Diivizhinii Taankariiwwan Kuusaa Lafa Jalaa

312 ROSA L PARKS AVE FL 12
NASHVILLE, TENNESSEE 37243-1102
(615) 532-0945 FAX (615) 532-0199

RE: Mallatteessa Diimaa Adeemsa Ittisa Dabarsa Ujummoo guutinsaa/UST

Jaallatamoo Abbootii Taankarii fi Raabsitootaa Taankariiwwan Kuusaa Lafa jalaa:

Gaafa Adoolesa 1, 2004. Abbaan aangoo mallattoo diimaa Seera Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa Peetirooliyeemii(TN UST Act) itti dabalamee jira. Seerri 2005 Tarsiimoo Iinarjii Federaalaa naannoowwan sagantaa ittisa deliverii akka qabaatan dirqisiisee ture, waan kana ta'eefis Divizhiniin Taankiiwwan Kuusaa Lafa jalaa qopheessee seeraa waliin akka wal-simuufis hojii irra oolchee jira. Adoolessa 1, 2008, fooyyessiin Seera TN UST Boba'aa gara UST galchuun akka danda'amuuf haala armaan gadiin salphisee ture:

- Waraqaa ragaa waggaan kennamu balleessuudhaan;
- Itti fayyadama nagahee kan dabarsa boba'aatiin wal hin qabannetti jijjiiruudhaan; akkasumas
- Dabarsa boba'aa jiraachuu fi dhabamuu mallattoon diimaatiin wal-simsiisu, akkasumas marsariitii Dhabbatichaan wal-qabsiisuu.

Kaffaltiiwwan waggaa taankarichaa, adabbiiwwan turuun kaffalaman akkasumas balleessaawwan tarkaanfii dhumaa fudhachisuu danda'an waan hin kaffalleef, dhaabbatichi UST wan dhaabaticha irra jiran hundumaa irratti mallattoo diimaa gochuu isaa itti fufee jira. Maaloo T.C.A. § 68-215-106 waanta armaan gadii akka ibsu beekaa:

(c) Taankarii Peetirooliyeemii Kuusaa Lafa Keessaa kamiifuu kaffaltiiwwan yookin adabbiiwwan waggaa kamiyyuu kan itti hin kaffalamne yookin ulaagaalee danbiiwwanii kan cabsu ta'e kutaa kanaan ajaja isa dhumaa ta'uun kenname irratti hundaa'uun , Koomishinerichi tarkaanfiiwwan armaan gadii keessa tokko yookin isaa ol fudhachuu danda'a.

(1) Beeksisa raabsituu(dispenser) irratti maxxansuu;

(2) Buufata guutinsaa irratti mallattoo adda baaftuu maxxansuu; yookin

(3) Beeksisa marsariitii diippartimentichaa irratti baasuu.

(d) Mallattoo yookin beeksisa akkanaa balleessuun balleessaa Kutaa C ta'a.

(e) Nama yookin bakka kamiifiyyuu seeraan aladha, yookin

Keemikaalonni Peetirooliyeemii Taankarii Peetirlooliyeemii lafa jalaa keessa yookin beeksisni qamaa boba'aa keessaa raabsuu yookin raabsituu irratti yookin buufata hundarratti waanti taa'e yookin marsariitii mummichaa irratti kutaa xiqqaa (c) jalatti beeksisichi akka kaawamuuf, sababa ta'ee jira.

Tarreen Do Not Deliver (Hin Geessisiinaa) jedhu asitti maxxanfamee jira https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks.html, akkasumas mallattoowwan diimaa balleessuuf hanga waanti sirreeffamu xumuramutti hin kennamu. Maaloo kana beekaa, Caamsaa 11, 2010, T.C.A. § 68-215-114 n Koomishinerichii cufinsa taankarii yeroo mallattoowwan diimaa itti maxxanfamanitti yeroo dhaabbataaf akka cufamu ajajuudhaaf dandeettii akka qabaatu gochuudhaaf fooyyeffamee jira. Fooyyessiin jiru bakka kanatti argamuu danda'a https://publications.tnsosfiles.com/acts/106/pub/pc0903.pdf kutaa 4 keessatti.

Nagaa wajjin,

Stanley R. Boyd, Daayiriikteera